Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Yooseef
Garbicha
Waaqayyo
Ulfina
Itti
Godhe

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: M. Maillot, Lazarus
Alastair Paterson

Kan dagaagsame: M. Maillot, Sarah S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus
ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Phoxifaaraan Yooseefiin bakka isaaf hin malle kaa'e, mana hidhaa keessatti, Yooseef nama abbomamuu fi faayidaa qabeessa ta'edha. Eegidoti mana hidhaa Yooseef akka hidhamtoota qindeessu barbaadan. Sababiinsaa Waaqayyo Yooseefii waliin waan jiruuf, manni hidhaa nama kamiifuu bakka mijaawaa akka ta'uuf.

Warra buddeena tolchanii fi dhugaatii opheessan mana hidhaa keessa turan. "Maaliif gadditu?" jechuun Yooseef guyyaa tokko isaan gaafate.

"Nama hiika abjuu keenyaa nutti himu dhabine," jechuun namichi qorama keessa jiru deebiseef. "Waaqayyo in danda'a!" jedhe Yooseef. "Abjucha natti himaa," jedheen.

"Abjuun kee guyyoota sadii keessatti gara mana mootii Phooxifaaritti in deebita jechuun isa dhugaatii qopheessuuf Yooseef hike. Yeroo siif tolu sanatti ana yaadadhu!" Hadaraa, mootiin Misir (Gibxii) akka nayaadatu gootee mana kana keessaa na baasisuudhaan wanta gaarii anaaf godhi.

Abjuun isa buddeena tolchuu abjuu gadhee ture. "Guyyoota sadii keessatti in duuta," jechuun Yooseef abjicha hiikeef. Hiikaan abjuu lameenuu dhugaa ta'an.

Haga gufuun Phoxifaariin mudatutti dhugaatii qopheessaan waa'ee Yooseef irraanfatee ture. "Abjuun qaba," jechuun iyye. Namin beekaan hiika abjuu natti himu hin jiru.



Dhugaati qopheessaan Yooseef isa mana hidhaa keessa jiru yaadate. Yooseef akka abjuu hiiku Fara'oonitti hime.

Farahoon Yooseefiin ergee waamsise. "Abjuun kee waan Waaqayyo gochuuf jiru sitti agarsiise," jechuun Yooseef Mootiitti hime. Biyya Misir(Gibxii) waggoota quufaa torba boodaan waggoottan beelaa torbatu ta'a.

“Waggootan bara quufaa keessa midhaan ol akka kaa’amuu jechuun Yooseef Phoxifaaraa akka karoorsuuf gorse” kun ta’uu baannaan sabin kee beelaan in dhuma.”

“Waaqayyo siwaliin jira” Phoxifaaraan labse.

“Ati nama koo irratti gooftummaa in qabaatta, saba hundumaa akka ati abboomtun abbooma, ani immoo teessoo mootummaa koo duwwaadhaanan si gargaara jira” jedhe.

Waggoottan quufaa turban in dhufan. Itti aansee barri beela hamaan waggaa torbaaf turu itti fufe. Hanqinni waanta sooratamu bakka hundatti mudate.

Biyya midhaan olkaa'amuun guddaan itti gegeeffame biyya Gibxitti garuu rakkoon haqina midhaan nyaata hin mudatin hafe. Biyya fagootti kan argaman maatiin Yooseef duraan isa gurguratanii beelaan rukutaman.

Midhaan nayaataa argatanii beela irraa ooluuf biyyoota hundumaa irraa gara Gibxi(misiritti) godaanan.

Yaaqoob ijoollee isaan akka biyya Gibxi(misir) deemaan ajaje. "Kana ta'uu yoo baate beelaan duuna jedheen." Ijoilleen Yaaqoob biyya Gibxi(Misir) ga'uun midhaan nayaataa bitachuuf qophaa'an.

Yooseef isaan dubbisuuf harka diriirsee garuu isaan hinbarre ture inni garuu akka isaan obbolaa isaa ta'an bareera. Obbolaansaa garuu Yooseefiin akka ta'e hinbarre.

Yooseef abjuu isaa yeroo ijoollummaa yaadate. Waaqayyo obbolaa isaa ol isa godhe.



Yooseef hubtaa waan tureef dimshaashumaan waan hundumaa irra darbuun dubbachaa obboleessa isaa Simi'ooniin simate.

“Midhaan fudhadhuu obbolaa kee warra quxusuu waliin gara manaatti deebi’u” ajjaje. “Akka isin gaadduu taataan adda baafadha.”

Waggoota dheeraa dura obbolawwan isaa warra Yooseefiin garbummaatti gurgurate waaqayyo in adaba jechuun himanii turan.



Yaaqoobii fi ijoollee isaatti bitaa itti gale. "Qarshiin keenya midhaan bitan waliin deebi'e. Bulchaan biniyaamiin akka geessinee dhaqinuuf nu ajaje." Yaaqoob garuu Biniyaamiin erguu hin barbaadine. Midhaan isaanii inni dhume. Obbolaan isaa biyya Gibxitti(misir) deebi'uu qabu, Biiniyaam

isaan waliin deeme.

Yooseef yemmuu Biiniyaamiin argette hojjettooti isaa nyaata afeerrraa akka qopheessan ajaje. Obbolaawwan isaas afeerraan taasifame. "Abbaan keessan lubbuun jiraa, akkam wayya qabaa?" jechuun Yooseef gaafate. Maatii isaa hundumaa walibira fiduuf yaaduun alatitti nagaadha.

Yooseef obbolaawwan isaa cubbuu bara dheera dura raawwatan beekanii dhiifama akka gaafatan baruuf. Nyaata afeerraa booda hannaan yakkamoota isaan taasise. "Isin adabuuf, Biniyaamiin akka garba kootti ofbiratti hanbisuu akka qabu" Yooseef itti hime. "Bakka isaa lubbuun koo haab'u jechuun akka hin taaneef," Yuhuudaan kadhate. Yooseef akka gurguramuuf yaada kandhiyeesse Yuhuudaa akka ta'e bare.

Jaalala maatiisaaf qabu dhokisuu
akka hin dandeenye yeroo dheeraa
itti hin fudhanne, warra
Gibxoota hundaa
gara biyya
alaatti erge
Yooseef.

Itti aansee boo'uu jalqabe. "Ani Yooseef obboleessa keessan, isa isin biyya Gibxitti gurgurtan." Ajaa'ibsiifachuun sodaatan, obboloti isaa homaa dubbachuu hin dandeenye.

Yoseef obbolaawwan isaa jajjabeesse.
"Waaqayyo biyya Gibxitti
mootii
na taasise kanaaf
ani bara beelaa
hamaa kanatti lubbuu
keessan nan oolcha dhaqaa
abbaa koo naaf fidaa
isaanii jedhe. Ani isin nan
hordofa."

Yaaqoobii fi
Yooseef Gibxi keessa
walarguun maatii
hundinuu biyya Gibxi
keessa nagaafi quufaan
jiraatan.

Yooseef Garbicha Waaqayyo Ulfina Itti Godhe

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Seera Umamaa 39-45

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16